

سُورَةُ الْحَجَّ  
Suuraa Hgajji`ii

\*Dura dursoo suuran tun suuratulgajj قبل كل شئ هذه هي سورة الحج  
je'amtii.

\*Isiin suuraa madiina'aati aayata 52 53, 54, وهي مدنية الا الآيات ٥٢٥٣٥٤٥٥ فهي  
55, malee . 55 مكية

Aayaanni isiidhaa torbaatamii saddeet {78} . وآياتها ثمان وسبعون {٧٨}

\*Lakkooysi isi'ii diiddamii lama {22} وعددتها إثنان وعشرون {٢٢}

\*Isiin eega suuratunnuurii buute. نزلت بعد سورة النور

\*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbiitii

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

\*Yaa ilmaan namaa, يَأَيُّهَا أَنَّاسُ

\*Waaqa isin uume sodadhaa, waan inni da-  
lagaa je'e dalaga'aa, waan inni dhiisaa je'e  
dhiisa'aa, azaaba Rabbii sodaadhaa ,

\*Sosso'iinsi, hoggaa qiyaman dhiyaatte da-  
chiin sossootu kan eegasii aduun gama lix-  
aatin baatu,

1}\*Sosso'iinsa guddaa, jabaa,rakkoo guddoo  
fidu, kan namni ba'atuu hin dandeeny .

\*Guyyaa sosso'iinsa san agartan wanni  
gartan,

\*Kan sababaa isi'iitin haati ilmoo hoosiftu  
irraanfattu rifatiinsa keessa,

\*Kan dhalaan ilmoo gara'aa qabu,ilmoo da-  
rbu ,odoo bakkan gayin,

\*Gaafas nama hunda, kan gamaa gamana  
akka nama machaayetti jijjigu agarta sos-  
so'iinsa dachi'irraa,

\*Isaan farshoo dhugu'urraa akkas hin taanee

2}\*Haa tayuu azaaba Rabbiitu jabaata, kan

إِنَّمَا تَأْتِيهَا أَنَّاسُ

أَتَقْوَارَبُ كُلَّمَ

إِنَّ زَلْزَلَةَ السَّاعَةِ

شَفَعٌ عَظِيمٌ

يَوْمَ تَرَوْنَهَا

تَدْهَلُ كُلُّ مُرْضِعٍ كَيْفَ عَمَّا أَرَضَعَتْ

وَتَضَعُ كُلُّ ذَاتٍ حَمَلٍ حَمَلَهَا

وَتَرَى النَّاسَ سُكَّرَى

وَمَا هُم بِسُكَّرَى

وَلَكِنَّ عَذَابَ اللَّهِ شَدِيدٌ

garriin rifachiisu'uu afuufamnaan gaarri caccaphee, yaa'ee dachiin namaan lullulattee, akka markaba bahara keessatti danbaliin olii gad darbitutti, gaafas joollen rifatiinsa keessa ni arrooyti .

\*Gariin namaan kan waan Rabbii keessatti di-

وَمِنَ النَّاسِ مَنْ يُجَدِّلُ فِي اللَّهِ بِغَيْرِ عِلْمٍ

inaa isaa keessatti namaan moromuutu jira, waan haqa yookaa dhugaa hin tayin dubbatee, waan Rabbiin hin malle, kan qur'aanan hin malle, irra kaayee, qur'aanni oduu duri, eega duunee kaafamnee hin gaafatamnu faa je'ee namaan falma daliilan male'etti, takkaayuu ragaadhan male'etti kan haqa jalan deemne

3}\*Inni hoggaa namaan moromu yaada

وَتَسْبِحُ كُلُّ شَيْطَنٍ مَرِيدٍ

sheyxaana jallatee jala deema dubbiin nama kara'arraa bayeeti ragaa godhata. kan akka matooti'ii, warra cifraa shayxaana tayee, haqarraa nama dhoowu, jala deemeti haqa dida.

\*Wanni sheyxaanatti murame,

كُتُبَ عَلَيْهِ

\*Inni nama isa imamaa godhatee, isa jala deeme,

أَنَّهُ مَنْ فَوَّلَهُ

\*Inni haqarraa isa jallisa ,

فَآتَاهُ دُيْضَلَهُ

4}\*Karaa azaaba ibiddaati qajeelcha waan azaabatti isa geessu dalaysiisee, jechisiisa jechu'u.

وَيَحْدِيهِ إِلَى عَذَابِ السَّعِيرِ

\*Yaa ilmaan namaan,

بِئَائِهَا النَّاسُ

\*Yoo nuti qabri'ii nama kaasuu kan shakki

إِنْ كُنْتُمْ فِي رَيْبٍ مِنَ الْبَعْثَ

tan taatan, yoo nuti nama ajjeefne, jiraachifnee kaafnee, nama tole jannata seesifree, kan bade azaaba seensisuu, waan hin dandayamne isinitti fakkaate, mee akka itti uumamtan laalaa, achirraa namni duraan nu uumuu dandaye, eegasii nu deebisuu ni dandaya beytanii,

\*Nuti abbaa keessan aadam uumnee jirra

فَإِنَّا خَلَقْنَاكُمْ

\*Biyye'erraa,

مِنْ تُرَابٍ

\*Eegasii ilmaan isaan bishaan dhiirafii dhal-a'arraa bayurraa uumne,

ثُمَّ مِنْ نُطْفَةٍ

\*Eegasii bishaan sun gadaameessaa keessatti ititee, eega qaama haadhaa keessa fac-a'ee deebi'ee,

ثُمَّ مِنْ عَلَقَةٍ

\*Eegasii bishaan sun foona tayee,

ثُمَّ مِنْ مُضْغَةٍ

\*Foon suuraa guutuu qabu, mata'aa harka lamaanii, miilli lamaan isaa godhamee,  
 \*Takkaa foon hin sawaramin goonee isin uumne,  
 \*Dandeytii teenya isinii ibsu'uu jecha, akka namni akkanatti nu jalqabe akkanatti nu deebisaa beytaniif,  
 \*Ulfa feene godaamessa keessatti itti cufnee, jabeessina, akkan darbine,  
 \*Hanga waytii, yaroo, dhalaaf godhamtetti, sun baatii jaha, takkaa sanii olii,  
 \*Eega yaroon dhalaaf godhamte sun dhumtee , garaa haadha teessanii keessaa isinii joolle'ee isin baafna,  
 \*Eegasii isin jiraachifna ,akka guddattanii, jabaattaniiif, akka bakka cimiinsaa geessaniif, sun soddomarraa hanga afurtamattii,  
 \*Isinirraa nama, odo bakka jabeenyaa san hin geenye du'uutu jira,  
 \*Isinirraa nama eega bakka jabeenyaa gayee , deebi'uutu jira,  
 \*Gara irra darree jiruu namatti, sun dulloomee toorra'uudhaa, yaroon toorra'uudhaa torbaatamii shani, takkaa saddeettama, takkaa sagaltama,  
 \*Akka haala joollumma'atti deebi`ee laa-fatee qaamafii aylilille'een ,waan duraan beekhu irraanfatee, waan hin beyne fudhatuu dadhabutti, akkanatti gad deebi'anii toorra'uun kun, nama qur'aana hin qara'in kan ulamaa'ii hin tayinitti argama , ammoo isaan hin toorra'an, inumaa isaanirraa, namaakkuma umrii dheeratuun ayluin isaa ida'amtuum jira, duuba namni Rabbiin akkatti uume, akkamitti waan Rabbiin je'u dida,  
 \*Ammas humna teenyarraa wannati gartu, dachii goggoyduu, duutuu, mayri, irra hin jirre,  
 \*Duuba hoggaa bishaan itti buufne ,  
 \*Dachiin sun ni sossooti, wanni isii keessaa mayre sossoo'uudhan, tan duraan duutee califtu ,  
 \*Ammallee dachiin ida'amteeti ol fuudhamtii,

مُخْلَقَةٌ

وَغَيْرُ مُخْلَقَةٍ

لَنْ يَبْيَنَ لَكُمْ

وَنُقْرِنُ فِي الْأَرْحَامِ مَا نَشَاءُ

إِنَّ أَجَلَ مُسَمٍّ

مِمَّ تَخْرِيجُكُمْ طُفَلًا

ثُمَّ لَتَبْلُغُوا أَشَدَّ كُمْ

وَمِنْ كُمْ مَنْ يُنَوِّفُ

وَمِنْ كُمْ مَنْ يُرِدُ

إِنَّ أَرْذَلَ الْعُمُرٍ

لَكُلَّا يَعْلَمُ مِنْ بَعْدِ عِلْمِ شَيْءٍ

وَقَرَى الْأَرْضَ هَامِدَةً

فَإِذَا آنَزْنَا عَلَيْهَا الْمَاءَ

أَهْرَتَ

وَرَبَتَ

\*Magarsiti,

وَابْنَتَ

\*Gosa waan mayruu hunda,

مِنْ كُلِّ زَوْجٍ

5} \*Bareedaa nama dinqu, kan ija das godhu

بَهِيجٌ ٥

\*Uumaa ilma namaa ,akkasitti uumun , da-chii duute jiraachisee, akkasitti magarsiisun,

ذَلِكَ

\*Sababaa Rabbiin, kan waa hunda uume

بِأَنَّ اللَّهَ هُوَ الْحَقُّ

kan waan fedhe dalagu tayeefi, kan wanni inni uume hundi akka Rabbiin haqa taye, ragaa taatuu, Rabbiin beekhaa, dandaya, dhabamni isaan hin malle, duriifii boodallee,

\*Rabbit kan warra du'e jiraachisu,

وَانَّهُ يَنْحِيُ الْمَوْقَدَ

6} \*Rabbit kan waa hunda dandayu.

وَانَّهُ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ قَدِيرٌ ٦

\*Qiyaaman dhufaaf teessi,

وَإِنَّ السَّاعَةَ إِلَيْهَا

\*Dhufiinsa qiyaama'aa keessa shakkiin, yookaa mamni hin jiru,

لَا رَبَّ فِيهَا

7} \*Rabbit warra qabrii jiru,gaafa qiyaaman

وَارَبَ اللَّهُ يَبْعَثُ مَنِ فِي الْقُبُورِ ٧

dhaabbatte, jiraachiseeti, waan isaan gaafa addunya'arraa jiran dalaganirraa gaa-fatee, nama gaarii dalage jannata geessee, nama hamtuu dalage azaaba geessa, akka namni tola'aafii, hamaan wal hin qixxaannef.

\*Ilmaan namaa gari'irraa nama beekkoms-aan male'etti, diinaa Rabbii, keessatti na-maan falmuutu yookaa moromuutu jira,

وَمِنَ النَّاسِ مَنْ يُجَدِّلُ فِي اللَّهِ بِغَيْرِ عِلْمٍ

\*Kan waan je'urratti ragaa hin qabne

وَلَا هُدَىٰ

8} \*Kan kitaaba dubbii isaa ibsu hin qabne.

وَلَا كِتَابٌ مُّنِيرٌ ٨

\*Isaa maru, gara mirgaa, takkaa bita'aa ,

ثَانِيٌ

\*Morma yookaa cinaacha isaa haqarraa yookaa imaanarraa if guddisu'uu jecha, iiamaanarraa morma maruun, didanii irraa gara galuu, namni sun amanu'urraa if guddise,

عَطْفِهِ-

\*Akka diinaa Rabbirraa jallatuuf, takkaa nama jallisuuf jecha ,

لِيُضْلِلَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

\*Nama saniif, addunyaa tanarratti xiqqeeny

لِمَنِ اتَّبَعَ الدِّينَآخْرِيًّا ٩

atu jira, sun ajjeefamu'uu, namichi kana dalaage, abuu jahlii, kan lola badrii keessatti du'e , maqaan abuu jahlii amri ibni hishaami , \*Namicha kana ,guyyaa qiyaama'aa ni dhadhamsiifna  
**9}\***Azaaba ibiddaan gubu'uu.

وَنُذِيقُهُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ

عَذَابَ الْحَرِيقِ ١

ذَلِكَ بِمَا قَدَّمَتْ يَدَكَ

وَأَنَّ اللَّهَ لَيْسَ بِظَلَمٍ لِلْعَبْدِ ١٠

وَمِنَ النَّاسِ مَنْ يَعْبُدُ اللَّهَ عَلَى حَرْفٍ

فَإِنَّ أَصَابَهُ خَيْرٌ

أَطْمَانَ يَهُ

وَإِنَّ أَصَابَهُ فِتنَةٌ

أَنْقَلَبَ عَلَى وَجْهِهِ

خَسِرَ الدُّنْيَا

وَالْآخِرَةُ

ذَلِكَ هُوَ الْخَسْرَانُ الْمُبِينُ ١١

يَدْعُوا

مِنْ دُونِ اللَّهِ

مَا لَا يَضْرُرُ

\*Wanni aakhira'atti isaan je'amu: wanni akkanatti qixaaxamteef, sababaa waan ati harka keetin dalaydee dabarsiteefii,  
**10}\***Rabbiin gabroota isatti, kan roorrisuu miti, dilii malee qixaaxee.

\*Ilmaan namarraa nama shakka'aa Rabbi ibaadutu jira, kan garaa muratee ittin seenin, kan moggaa deddeemu,

\*Namichi qarqara diina'arratti Rabbi ibaadu sun : haalli isaa yoo eega islaamatti seenee waan gaarii argate jaartin isaa ilma dhalteefii, horiin isaa horeefii, fayyaa, isaafii, joolien isaa argatan,

\*Islaama jaalateeti qabata, faana natti tole je'ee,

\*Yoo moo balaan isa, yookaa nama isaa, horii isaa tuyxe, eega islaamatti seenee ,

\*Kufri'itti deebi'a haala isaa ka duratti gara gala,sun kafaree dubpii Rabbii dhagayuu dhabu'uu ,

\*Inni addunya'arratti khasaarame waan fedhu dhabu'uun,

\*Aakhira'attis khasaarame, waan Rabbitti kafaree, qixaaxa zalaalami'ii, haqa godhateef

**11}\***Khasaaran mul'attuun, khasaaraa inni khasaarame tana,tan khasaaran akkas isi'ii hin jirre .

\*Ni ibaada ni yaammata ,

\*Rabbii achitti sanama ibaada

\*Waan yoo isa ibaaduu dhiise,isa hin miine, takkaayuu hin dararre ,

وَمَا لَا يَفْعُلُ.

ذَلِكَ

هُوَ الظَّلَلُ الْبَعِيدُ ١٢

يَدْعُونَ مَنْ صَرُورٌ أَقْرَبُ مِنْ نَفْعِهِ.

\*Waan yoo isa ibaade isa hin fayyanne,

\*Rabbii achitti, sanama san ibaadun,

12}\*Isa jallinni haqarrraa fago'oo.

\*Waan, yookaa nama dararaan isaa addu-

nyaa tana keessatti, faaydaa isarra dhiyo'ooti yaammata, yookaa ibaada, oodo ni fayyadada seyelle'ee inuu hin fayyaduu, ammoo aakhira'atti dararaan isaa waan qurxi'iitii beekkamaa, addunyaa tana keessatti miidhaa inni nama isa ibaade miidhutu nama isa ibaade fayyadu'utti irra dhiyaata, takkaa waan sanamni yoo ibaade addunya'atti isa miidhutu, sun ajjeefamu'uu, faaydaa aakhira'atti irraa khajeelurra itti dhiyaata, sanamni matumaanuu hin fayyaduu, haatayuu akka isaan yaadanitti akkasi,

\*Yaa hameenya waan isaan Rabbii achitti aanaa godhatanii, ibaadani, sun sanamaa. takkaa yaa hameenya nama isaan tumsa godhatanii, kan waa takka aakhira'atti isaan hin fayyanne,

13}\*Yaa hameenya waahelaa ,yookaa waan itti makamee wajji jiraatu, kan aakhira'atti kaafirticha san hin fayyanne.

لِئَنَّهُمْ لِلَّهِ أَئْمَانٌ

وَلِئَنَّهُمْ عَشِيرَةٌ

إِنَّ اللَّهَ يُدِحِّلُ الَّذِينَ آمَنُوا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

جَنَّتِ تَجْرِي مِنْ تَحْنِهَا الْأَنْهَرُ

إِنَّ اللَّهَ يَعْلَمُ مَا يُرِيدُ ١٣

مَنْ كَانَ يَطْعُنُ

أَنَّ لَنْ يَنْصُرَهُ اللَّهُ فِي الدُّنْيَا وَالْآخِرَةِ

فَلِيمَدُدْ دِسَبَ إِلَى السَّمَاءِ

مُمْلَقَطَعَ

فَلَيَنْظُرْ هَلْ يُدْهِنَ كَيْدُهُ مَا يَغِيْظُ ١٤

\*Namni seyu, yookaa yaadu,

\*Rabbiin ergamaa isaa muhammad adduny-a'aafii aakhira'atti hin gargaaruu namni seyu,

\*Haada haa hidhuu, gombisaa manatti, morma ifii itti kaayee if fannisu'uu jecha,

\*Eegasii lafa dhaabbatuu if kutee waan du-raan irra dhaabbate faa if jalaa darbu'uun haa if hudhee if ajjeessuu ,

15}\*Duuba akkasitti if ajjeessun sun,waan

gargaarsa Rabbiin nabiiyyiin isaa gargaaru'urraa isa aarse akka irraa deemsius haa laaluu ,makgnaan kanaa: namni Rabbiin nabi Muhammad gargaaru'urraa aaru, aaran haa du'uu rabiin isa gargaaruu hin dhiisu.

\*Akkasitti qur'aana buufne,

وَكَذَلِكَ أَنْزَلْنَا

\*Ayatoota makgnaan isi'ii mul'attu'uu akka ragaa haqaa nama hundaaf taatuf

إِيَّاهُمْ بَيْتَنَا

**16}\***Rabbiin nama qajeelchuu fedhe ni qaj-eelcha.

وَأَنَّ اللَّهَ يَهْدِي مَنْ يُرِيدُ

\*Warri Rabbii tokkichatti amanee waan inni je'u dalage,

إِنَّ الَّذِينَ آمَنُوا

\*Ormi yahuuda'aa ,

وَالَّذِينَ هَادُوا

\*Warri saabi'aa je'amu isaan yahuuda'arraayii takcaa nasgaara'arraayii takcaa warra urjii ibaaduu,

وَالصَّابِرِينَ

\*Nasgaaran ormi kiristaanaa,

وَالصَّابِرِي

\*Warri ibidda ibaadu takcaa aduu ibaadu,

وَالْمَجُوسُ

\*Warri sanama ibaadu kan Rabbitti waa qindeessu,

وَالَّذِينَ أَشْرَكُوا

\*Rabbiin warra diinaa jahan kana qabatu adda fooya, warra Rabbitti amane jannata seensisee, warra shanan kaan ibidda seensisee,

إِنَّ اللَّهَ يَعْلَمُ بِمَا فِي هُنَمَّةٍ

\*Guyyaa qiyaama'aa ,

يَوْمَ الْقِيَمةِ

**17}\***Rabbiin waan isaan dalagan hunda ni argaa ni beekhaa.

إِنَّ اللَّهَ عَلَىٰ كُلِّ شَيْءٍ شَهِيدٌ

\*Hin beynee?,

الْمُرْتَرَ

\*Akka Rabbiif gad je'u, isaaf sujuudu,

أَنَّ اللَّهَ يَسْجُدُ لَهُ

\*Namni sami'iifii dachii keessa jiru hundi,

مَنْ فِي السَّمَاوَاتِ وَمَنْ فِي الْأَرْضِ

\*Adu'uufii ji'aa, urjiinis,

وَالشَّمْسُ وَالْقَمَرُ وَالنُّجُومُ

\*Gaaroti'iifii mukkeenis,

وَالْبَيْالُ وَالشَّجَرُ

\*Wanni lubbuu qabu kan lafarra yaa'us hundi isaanii dubbii Rabbi dhagayaniiti waan Rabbiin isaan uumef dalagan,

وَالدَّوَابُ

\*Namni hedduunis Rabbiif gad je'ee, isaaf sujuuda, isaan warra amanee,  
 \*Namna hedduu azaabni itti muramee jiraa, isaan kuffaara amanee sujuuduu didee  
 \*Nama Rabbiin xiqqeesse isa qajeelchuu dhabu'uun,  
 \*Namni isa guddisu hin jiru

وَكَثِيرٌ مِّنَ النَّاسِ

وَكَثِيرٌ حَقٌّ عَلَيْهِ الْعَذَابُ

وَمَنْ يُهِنَّ اللَّهُ

فَمَا لَهُ مِنْ مُكَرَّمٍ

إِنَّ اللَّهَ يَفْعُلُ مَا يَشَاءُ ﴿١٨﴾

هَذَا إِنْ خَصْمَانِ

18}\*Rabbiin waan fedhe dalagaa kan fedhe guddiseeti kan fedhe xiqqessaa .

\*Tuutti jahaan dubbanne,ta mu'minaatifi shanan tuun,baala gaaraa lama, tuutti islaamaa gama tokko, tan kaafiraa, shanan gama tokko,

\*Diinaa Rabbii keessatti wal moroman,

\*Warri kafaree kufri'irratti du'e,

\*Uffanni sibiilaa ibiddarrraa isaanii murama, qaama isaanirratti likkeessanii, nuhgaasni akkaan oow'ifamee, kan azaaba keessatti uffatan irratti hodhamee,

19}\*Mataa isaanii gubba'atti bishaan akkaan oow'utu naqama .

\*Kan oow'a bishaan saniitin wanni garaa isaanii keessa jiru baqu,kan akka mooraa ,  
 20}\*Kan gogaan, yookaa curaan isaanii, isaan waaddamu.

21}\*Ammas ulee sibiilaa tan mataan isaanii isi'iin tumamuutu isaanif jira.

\*Kan hoggaa isaan ibiddarrraa bayu'uu ori'an mara,

\*Sababaa ibidda keessatti rakkatanii laalataniif jechaa toomaa ibiddaa saniin dhawamanii ,

\*Ibidda keessatti deeffaman, warra kaafiraa saniin wanni je'amu:malaaykan wanni isaanin jettu:

22}\*Qixaaxa ibiddaan gubamu'uu, dhan-dhamaa

يُضَبَّ مِنْ فَوْقِ رُءُوسِهِمْ أَحَمِيمٌ ﴿١٩﴾

يُصْهَرُ بِهِ مَا فِي بُطُونِهِمْ

وَالْجَلُودُ

وَلَهُمْ مَقَدْمَعٌ مِّنْ حَدِيدٍ ﴿٢٠﴾

كُلُّمَا أَرَادُوا نَأْتِيَهُمْ مِّنْهَا

مِنْ غَمَّ

أُعِيدُ وَأَفِيهَا

وَذُوقُوا عَذَابَ الْحَرَقِ ﴿٢١﴾

\*Rabbiin warra amanee ,

إِنَّ اللَّهَ يُدْخِلُ الَّذِينَ آمَنُوا

\*Waan Rabbiin jaalatu dalage,

وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

\*Jannata seensisa,

جَنَّتِ

\*Jannata, fooqi`ii, masnoo isaa jala lagootin  
oliigad yayaatu,

تَحْرِي مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ

\*Jannata keessatti ni faayaman

يُحَكَّوْنَ فِيهَا

\*Girja yookaa kilkillee ziqaafii lu'lu'arraa  
tolfame uffatan, takkaa kaayatan,

مِنْ أَسَاوِرَ مِنْ ذَهَبٍ وَلُؤْلُؤًا

23}\*Uffanni, yookaa wayaan isaanii, jannata  
keessatti hariira, kan addunya'arratti dhiirti  
irraa dhoowwamtu.

وَلِبَاسُهُمْ فِيهَا حَرَيرٌ

وَهُدُوا إِلَى الْطَّيِّبِ مِنَ الْقَوْلِ

faman, sun {LAA ILAAHA ILLALLAAHU MUHGAMMADAN RASU-  
ULULLAAH} jechu'uu akkuma jecha isaan fayyadu hunda isaan qunnamisiisu

وَهُدُوا إِلَى صَرْطَطِ الْحَمْدِ

24}\*Akkasuma karaa Rabbii, faarfama'atti  
qajeelfaman, diin Rabbii qabatuu, kennaman

إِنَّ الَّذِينَ كَفَرُوا وَصُدُّونَ عَنْ سَبِيلِ اللَّهِ

\*Warri kafaree ibaadaa Rabbirraa nama  
dhoowwu ,

وَالْمَسْجِدِ الْحَرَامِ

\*Kan masjida makkaraa nama dhoowwu ,

الَّذِي جَعَلَنَاهُ لِلنَّاسِ

\*Kan masjida san nama hundaafuu, bakka  
Rabbi itti ibaadan goone, bakka hajjii itti  
godhan ,

سَوَاءَ الْعَكْفُ فِيهِ

\*Kan namni zamana hunda makka taa'ufii,

وَالْبَادِ

\*Kan fago'oo dhufuuf, wal qixaa,

وَمَنْ يُرِدُ فِيهِ بِالْحَمْدِ

\*Namni harama makkaa keessatti waan  
hamtuu dalage, takkaa yaade,

يُظْلَمُ

\*Haqaan male'etti odoo nama isa khaddamu  
arrabsullee taatee,

ثُرْقَةٌ مِنْ عَذَابِ أَلِيمٍ

25}Azaaba isaan laalessurraa isaan dhan-

dhamsiifna,odoo namni fogoo jiru makka dhaqeetan,dili dalaga yaadee ba-  
kka jiru sanitti Rabbiin azaaba isaan dhandhamsiisa, akkuma wanni gaarin da-  
lagan, makka keessatti sawaaba dachaa qabdu, wanni hamtuun achitti dalagan  
qixaaxa dachaa qabdi.

\*Gaafa nabi ibraahiim qajeelchinee du-bbadhu

وَإِذْ بُوأْنَا لِإِبْرَاهِيمَ

\*Bakka {KAKGBAA} itti jaarutti bakka dur kakgbaan itti jaaramtee eegasii wala-allamte garsiifnee,

مَكَانُ الْبَيْتِ

\*Wanni isaan jenne: waa takka natti hin qindeessin,na malee Rabbii biraa hin ibaadin, kakgbaa anumaaf qulqulleessii jaari

أَنَّ لَأَنْشِرِكَ بِشَيْئًا

\*Kakgbaa tiyya warra isi'iin xawaafuf qulqulleessi, sanamaaffi waan lubbuun balfitu, ammallee najisa mararraa xahaarsi,

وَطَهَرَنِيَ اللَّطَّافَيْنَ

\*Ammallee warra achi taa'uf takkaa warra salaatuf xahaarsi,

وَالْقَائِمِينَ

**26}**\*Warra salaataf rukuukga godhee, sujet-

وَالرُّكُعَ السُّجُودُ

uuduf qulqulleessi, jenneen. kakgbaa malaayka'aatu dura jaare, eegasii {aad-am} eegasii {shiis}eegasii{ibraahiimi} eegasi {kgamaaliqaa} eegasii {jurhum} eegasii {qusgayyi} eegasi {qureyshii}eegasii {abdullaahii ilma zubeyrii} eegasii {hgajjaajii} tan amma jirtu tanaa zamana boodaa namicha {zussuweyqateyn} je'amuutu diigaa nabi kgiisa'aatu haarayoomsa.

\*Wanni nabi ibraahiimin jenne lallabii hajj-

وَأَذْنَ فِي النَّاسِ بِالْحَجَّ

i'itti nama yaami,duuba eega mana Rabbii jaaree fixee, gaara makka keessa jiru, kan abii qubeysi je'amu koree, namayyoo,namayyoo Rabbiin keessan mana jaaree dhuftanii ziyaaruu isinirratti wajjabsiisee Rabbiin keessan dhagaya'aa koottaa je'e, mirgaa bitaa, bayaa, dhiya mil'atee, duuba namni Rabbiin hajjii isaaaf fedhe, kan dudda dhiiraa keessa jiruufii,kan gadaamessa dhala'aa keessa ,hangaa guyyaa qiyama'atti jiru ni owwaate {labbeyka allaahumma labbeyka} je'ee, tanaaf jecha Rabbiin nabi ibraahiimin akki je'e:

\*Yoo ati hgajji'i'itti nama yaamte bakka jiranii makka dhufanii, nuutu dhageessisaa,

يَأْتُوكَ

\*Milan yaa'adhaa,

رِجَالًا

\*Ammallee gaala amni huqqise yaabbatanii dhufan,

وَعَلَى كُلِّ صَامِرٍ

**27}**\*Gaalotii karaa faffago'oraa dhuftu.

يَأْنِينَ مِنْ كُلِّ فَجَّ عَمِيقٍ

\*Akka dhufanii arganiif faaydaa addunya'aa, aakhira'aa, tan hajjii keessa, isaanif jirtu,

لِيَشْهَدُوا مَنْفَعَ أَهُمْ

\*Ammallee akka maqaa Rabbii dhawaniif, akka zikrii Rabbii heddommeysanii,

وَيَذْكُرُوا نَسْمَ اللَّهِ

\*Guyyootii beekkamaa keessatti ,

فِي أَيَّامٍ مَعْلُومَاتٍ

\*Hoggaa wareega, horii Rabbiin isaanii ke-

عَلَى مَارَزَقُهُمْ مِنْ بَهِيمَةِ الْأَنْعَمِ

nnerraa makka geessanii qalan, maqaa Rabbii dhawan, akka kuffaarri hoggaa {udghgiyaa} wareega qalu, maqaa sanamaa dhawuu miti .. guyyoonni beekka-maan: kurnan duraa, kan baatii arafaadhati, takcaa guyyaa arafa'aati, takcaa guyyaa iiddatiifii guyyoota sadeen iida boodati, {bahiiiman} udghgiyaa takcaa wareega irraa qalan {gaala, loon, re'ee},

\*Waan qaltanirraa nyaadhaa,

فَكُلُّوْمَنَّهَا

28}\*Nama akkaan hiyyeessatis nyaachisaa

وَاطْعُمُوا الْبَاسَطَىْلَفَقِيرَ

\*Eegasii xurii, hajjii hidhatu'uun isaan tuyxe, ifirraa haa deemsisanii, akka kottee namatti dheerratte ifirraa ciru'uu, mataa haaddatu'uu, takcaa ciratu'uu,

شَمَّ لِيَقْضُوا فَتَهُمْ

\*Waan Rabbiif qodhan dalaganii, haa guutanii,

وَلَيُؤْفِوْنُدُورَهُمْ

29}\*Eegasii xawaafa{ifaadga'aa} haa xawa-afanii {mana duriin} sun kakgba'aa waan kakgbaan mana dura dursoo lafarratti jaarame taateef.

وَلَيَطَوَّفُوا بِالْبَيْتِ الْعَتِيقِ

\*Dubbiin akkasii,

ذَلِكَ

\*Namni waan Rabbiin haraameyse ,balleessuu dhabee, khabaje,

وَمَنْ يُعَظِّمْ حُرُمَتَ اللَّهِ

\*Sun waan Rabbii isaa biratti kheyrii isaa qabu, isaaf tolu sawaaba qabu,

فَهُوَ خَيْرٌ لَهُ عِنْدَ رَبِّهِ

\*Beyladaa hunda nyaatun isiniif gaya, eega gorraatanii,

وَأَحْلَتْ لَكُمْ أَلَّفَنْمُ

\*Waan haraam tayuun isi'ii qur'aana keessatti isinirratti qara'ame malee, sun akka waan bakhtaaye nyaatu'uu fa'aa ,

إِلَّا مَا يُشَاءُ عَلَيْكُمْ

\*Sanamarraa fagaadhaa, {rijsi} jechuun xurii jechu'u, waan sanama {taabota} gabbaruun dili'iin nama xureesituuf jecha

فَاجْتَنِبُوا الرِّحْسَ مِنَ الْأَوَّلِينَ

30}\*Ragaa khijibarraa fagaadhaa, sun waan hin beynen ragaa bayu'uu.

وَاجْتَنِبُوا قَوْلَكَ الْزُّورِ

\*Isinii gara haqaa goru takcaa jallatu kan diin biraan hunda dhiisee, diinaa Rabbiii

حُفَّاءَ اللَّهِ

qabatu,

عَيْرَ مُشَرِّكِينَ يَهُ

\*Kan Rabbitti waa takka hin qindeessine, yookaa hin qixxeessine, waan isan tayin gabbaruudhan,

وَمَنْ يُشَرِّكُ بِاللَّهِ

\*Namni Rabbitti waa qixxesesse,

فَكَانَمَا خَرَّ مِنَ السَّمَاءِ

\*Akka waan sami'irraa kufee,

فَتَخَطَّفَهُ الطَّيْرُ

\*Cululleen daftee buttuuti,

أَوْ تَهْوِي بِهِ الرِّيحُ

\*Takkaa qilleensi fuudhee,

فِي مَكَانٍ سَيِّقِ

31}\*Bakka fago'otti darbuuti.

ذَلِكَ

\*Dubbiin akkasii,

وَمَنْ يُعَظِّمْ شَعْبَرَ اللَّهِ

\*Namni alaamaa diinaa Rabbii guddisu, amrii diinaa isaa kabajee,

فِإِنَّهَا

\*Dalagaa hajji'iitifi waan udghgiya'aa gud-disanii, kabajanii, gabbisuun,

مِنْ تَقْوَى الْقُلُوبِ

32}\*Qalbii Rabbi sodatturraa dhufa, sun dalagaa warra Rabbi sodaatuti .

لِكُلِّ فِيهَا مَنْفَعٌ

\*Waan makka geessitanii qalu'uu ooftan, keessa, faaydaa heddu'uutu isiniif jira, kan akka yaabbatu'uu aanan isi'ii dhugu'uu,

إِلَى أَجَلٍ مُسَمَّى

\*Hanga waytiin isii qalan geessutti ,

ثُمَّ مَحَلَّهَا

\*Eegasii bakkeen isiin itti qalamtu,

إِلَى الْبَيْتِ الْعَيْنِ

33}\*Makka keessatti, kakgbaa birattiakkana jechuun, harama makkaa keessatti jechu'u, mina fa'atti qalan.

وَلِكُلِّ أُمَّةٍ

\*Ummata isin dura dabre hundaafuu,

جَعَلْنَا مَنْسَكًا

\*Bakka waa itti qalaniifii, waan qalaniilee karaa goonefii jirra ,

لَيَذَكُرُوا أَسْمَ اللَّهِ

\*Akka maqaa Rabbii dhawaniif,

عَلَى مَارِزَقَهُمْ مَنْ بَهِيمَةَ الْأَنْعَمِ

\*Hoggaa beyladaa Rabbiiin isaanii kenne fidanii qalan, {bismillaahi} je'anii ,

فَإِنَّهُمْ إِلَهٌ وَحْدَهُ

\*Rabbiin keessan tokkichaa,

\*Isuma qofaa gad je'aa, waan inni je'u jala deemaa,  
34}\*Warra Rabbi dhagayu gammachiisi.

فَلَمَّا أَسْلَمُوا

وَيَسِّرْ الْمُحْكَمِينَ ٢٥

\*Isaan warra hoggaa Rabbiin maqaa dhawame, takkaa dubbatame,

الَّذِينَ إِذَا ذِكْرَ اللَّهِ

\*Qalbiin isaanii sodaattu sodaa jaalalaa

وَحِلَّتْ قُلُوبُهُمْ

\*Warra balaa isaan tuyxerratti obsu,

وَالصَّابِرِينَ عَلَىٰ مَا أَصَابَهُمْ

\*Warra salaata salaatu,

وَالْمُقِيمِي الصَّلَاةَ

35}\*Isaan waan Rabbiin isaanii kennerraa waa kennanii nama haajamaa gargaaran, ni sadaqatan .

وَمَنْ أَرْزَقْنَاهُمْ بِنِفْعٍ

\*Gaala, takkaa gaalafii loon,

وَالْبُدُونَ

\*Alaamaa diinaa Rabbii isinii goone, kan wareegamtee, makka geeffamtu,

جَعَلْنَا لَكُمْ مِّنْ شَعَرِ اللَّهِ

\*Faaydaadhatu gaala keessa isiniif jira, faaydaa addunya'aa taatuu, tan akka yaabba-tu'uu, faaydaa aakhira'aa taatu, tan akka namni makka geesee qale, sawaaba argatu'uu,

لَكُمْ فِيهَا خَيْرٌ

\*Hoggaa isii gorraatan maqaa Rabbii dha-waa {bismillaah} je'aadhaa,

فَادْكُرُوا أَسْمَ اللَّهِ عَلَيْهَا

\*Isii miila sadiyiin dhaabbattu harki bita'aa ol hidhamee,

صَوَافٌ

\*Duuba hoggaa gorraatanii cinaachan lafa dhooyte, yookaa duute,

فَإِذَا وَجَيْتُ جُنُونًا

\*Foon isi'irraa waa nyaadhaa yoo feetan,

فَكُلُّوا مِنْهَا

\*Miskiina waan khadhanne, kan waan argate aminfatu, nyaachisaa,

وَاطْعُمُوا الْقَانِعَ

\*Nama waa khadhatus nyaachisaa,

وَالْمَعْرَفَةَ

\*Akkasitti ,

كَذَلِكَ

\*Gaala guddaa kana isinii laaffifne yaab-battanii, qalattanii, nyaattanii, odoo inni isinii laaffisuu baatee hin dandeessanii,

سَرْتَهَا الْكُمُّ

36}\*Wanni isii isiniif laaffiseef, akka Rabb-uma keenyatu isa uumee nuu laafiseesee beytanii, galata isaaf galchitaniifi..

عَلَّكُمْ شَكُونَ ٢٦

\*Waan gaafa iidaa isin qaltanirraa foonifi dhiiyni isi'ii Rabbi hin gayu, Rabbiin dureessa waa takkattin haajamnee,

لَنْ يَنَالَ اللَّهُ لُؤْمَهَا وَلَا دِمَاؤُهَا

\*Haa tayuu dalagaa teessan gaarii Rabbii jettanii dalaydantu Rabbi gaya sawaaba isi'-irratti isinii kenna, sanuu yoo iimaanan wajji taate,

وَلَكِنْ يَنَالَ النَّقْوَىٰ مِنْكُمْ

\*Akkasitti isinii laafise ,

كَذَلِكَ سَخَّرَهَا لَكُمْ

\*Akka Rabbii keessan beytanii, sababaa inni karaa diinaa keessanii akkaataa hajji'ii isin barsiisef isa guddiftanii galata isaa galchitaniifi,

لَتَكُرُّوا اللَّهَ عَلَىٰ مَا هَدَكُمْ

37}\*Warra dalagaa isaanii tolchee guutee, akka islaamni je'etti dalage, jannataan gammachiisi .

وَبِشَّرِ الْمُحْسِنِينَ

\*Rabbiin balaa kuffaaraa warra isatti

إِنَّ اللَّهَ يَدْفَعُ عَنِ الَّذِينَ أَمْنَوْا

amanerraa deebisaa, kuffaari mu'mina akka fedhu godhoo hin dandayu, booden mu'minnaa milki'i mooyatu', odoo waan heddu'ulle'een mokkoramee, sawaaba isaaf heddommeysu'uu jecha. nabi Muhammadiifii asaabban isaa waan boda itti aanan garree jirraa,

إِنَّ اللَّهَ لَا يُحِبُّ كُلَّ خَوَانِ

\*Rabbiin nama amaanaa isaa ganu, kan wan Rabbiin itti ajajefii, waan inni irraa dhowwe qeebaluu didu,

كُفُورٌ

38}\*Kan qananii Rabbiin isaaf kenne moromee, galata galchu'uuf dhiisu, hin jaalatu, ni qixaaxaa isaan kuffaaraa.

\*Warra haqaan malee ajjeeffamuuf warra

أُذْنَ لِلَّذِينَ يَقْتَلُونَ بِأَنَّهُمْ ظُلْمُوا

isaan ajeesu saniin,lolanii ifirraa dhoowwun, karaa isaanii godhame ,nama isaan miidhe miidhun karaa isaanii godhame, aayanni tun aayata dura dursoo orma islaamaa jihaadatti kaafte, eega aayanni torbaatam buutee, orma islaamaa , humnaan orma kuffaaraa ifirraa deebisu'urraa dhowwetee, waan isaan gaafa makka jiran nama xiqqa humna guddoo kuffaara makkaa duraan dhaabbatan hin qabneef, isaan gaafa makka jiran wanni itti ajajaman, obsuu, tanaaf gaafa makka jiran, ormi islaamaa kan tumameefii, kan mataan urame, nabitti dhufanii, humnaan, kuffaaraa ifirraa dhoowwinuu? jihaada goonuu? je'anii gaafatan, duuba nabiyyiin keenya wanni isaanin je'u: obsaa an jihaadatti hin ajajamnee, ammoo madiina'atti galanii, nabiin cifraa islaamaa jaaree, islaamni jabaannan,

bakka irraa duulanii itti deebi'an argannaan, Rabbiin orma islaamaa jihaadatti kaase rooroo cunqursa'aa ifirraa dhoowwu'uu jecha, Rabbiin warra qabsoo godhu gargaaru'uu baallama seenee akki je'e:

39}\*Rabbiin isaan gargaaru'utti dandayaal

وَلَنْ أَمْلَأَ عَلَيْكُمْ لَقَدِيرٌ ٣٩

الَّذِينَ أَخْرَجُوا مِن دِيَارِهِم بِغَيْرِ حَقٍّ

إِلَآنَ يَقُولُوا رَبُّنَا اللَّهُ

وَلَوْلَا دَفَعَ اللَّهُ النَّاسَ بَعْضَهُمْ بِعَيْنٍ

\*Warri cunqurfame warra biyya isaanitii mana isaanitii baafame, haqaan male'etti, isaan waan biraatii hin baafamne,

\*Isaan Rabbiin keenya tokko jechu'uufi malee , isaan akkana je'uun haqa, ammoo kanaa jecha biyya isaanitii isaan baasun roorro'o,

\*Oodo Rabbiin jihaada karaa godhee garii

namaa gari'iin sharri'irraa dhowwuu baatee, oodo warra haqaatin, warra badaa dhawa'aa, badi'irraa deebisaa je'uu baatee, silaa warri diin hin qabne, biyya qabateeti warra diin qabu mooyatee, diin bada, haa tayuu Rabbiin mu'minaan kuffaara isinitti roorrisuun loolaa je'eeti, gargaarsa kenneefii warra diina qaburraa deebise, silaa oodo Rabbiin zamana hunda jihaada warra amanerratti wajjabsiisu baatee,

\*Silaa zamana iisa'aa, mataskaanii bakkeen isaan itti ibaadaa godhan ammallee bakkeen isaan galan ni jijjiifama, warri diin hin qabne itti duulee,

\*Ammallee kaniisan yahuuda'aa zamana muusa'aa ni diigamti,

\*Ammallee masaajinni eega nabi Muhammad ergamee ni diigama, warri diin hin qabne mooyee,

\*Bakkeen dubbanne sun hundi { sawaamini }

لَهُمْ صَوَاعِقُ وَيَعْ

وَصَلَواتٌ

وَمَسْجِدٌ

يَذْكُرُ فِيهَا أَسْمَ اللَّهِ كَثِيرًا

ruhbaanaa {biya'ni} nasaara'aa {salawaanni} yahuuda'aa {masaajinni} islaamaa kan maqaan Rabbii hedduu keessatti dubbatamu diigamteeti ibaadan Rabbii cittii tanaaf Rabbiin jihaada, yookaa qabsoo haqaa dirqama godhe,

\*Rabbiin nama diin isaa gargaaru, ni garg-

وَلَيَنْصُرَ اللَّهُ مَنْ يَنْصُرُهُ

aara. isaaf tumsa, gabrichi diinnaa Rabbii gargaarun, hoggaalola seene obsee lolu', yoo ulamaa'ii taye, ragaa haqaa xilaataf addeessuu gaafas Rabbiin warra akkasitti dalagaa diinnaa Rabbii jabeessu'utti seene, ni gargaara ni moosisa,

\*Rabbiin kan waa hundarra jaba'aati,

إِنَّ اللَّهَ لَقَوِيٌّ

40}\*Kan injifatuu malee, wanni isa injifatu hin jirre.

عَزِيزٌ ٤٠

\*Warri nuti gargaarru, jara yoo nuti isaan moosifnee, xilaatarra aansinee biyya qabatan

الَّذِينَ إِنْ مَكَنُوهُمْ فِي الْأَرْضِ

\*Salaata dhaabanii salaatan. jamaa'aadhafii, jum'aadhan wajji, warraafii, ummataan wajji,

أَقَامُوا الصَّلَاةَ

\*Zakaa baafatanii,

وَمَاتُوا زَكَوْنَةً

\*Waan gaari'itti nama gorsanii waan hamtu'urra nama dhoowwan,

وَأَمْرُوا بِالْمَعْرُوفِ وَنَهَا عَنِ الْمُنْكَرِ

41}\*Dubbiin hundi, booddee aakhira'atti, gara Rabbititti deebiti.

وَلِلَّهِ عِنْقَبَةُ الْأُمُورِ ٤١

\*Yaa ergamaa kiyya Muhammad yoo ummanni kee, kan si kijibsiise taate, sun sin yaachisin, sun aadaa ummata si dura anbiyaa itti ergineetii kan anbiyoota isaanii kijibsiisan ,

وَإِنْ يُكَذِّبُوكُمْ

\*Isaan dura ummanni {nuuhg} nuuhg kijibsiisanii jiran,

فَقَدْ كَذَّبُوكُمْ قَوْمٌ بِعْ

\*Ummanni {huudis} huud kijibsiisee jira

وَعَادُ

42}\*Ummanni {saalihgis} saalihg kijibsiisee jira .

وَثَمُودٌ ٤٢

43}\*Ummanii ibraahimifii ummanni luux isaan kijibsiisee jira.

وَقَوْمُ إِبْرَاهِيمَ وَقَوْمُ لُوطٍ

\*Ummanni {shukgeybitis} nabi shukgeyb kijibsiisee jira, akkuma warri {eykaa} takkaa daggalaa isa kijibsiise haa tayuu warra mad-yantu dura kijibsiise,

وَاصْحَابُ مَدْيَنَ

\*Nabi muusan kijibsiifamee jira, warri kijibsiise ummata isaa banii israa'lilii mitii , ummata misraa kan {qibxi} je'amu ,

وَكُذَّبَ مُوسَى

\*Duuba warra ergamoota kijibsiisee kafare saniif qaaxaroo qabe, azaaba irraa booda aansuudhan, yookaa balaa irraa tursiis-uudhan,

فَأَمْلَيْتُ لِلْكَافِرِينَ

\*Duuba eegasii isaan gorfamanii, qajeeluu dinnaan, azaaban isaan fuudhee fixee,

لَمْ أَخْذْتُهُمْ

44}\*Waan isaan anbiyoota kiyyatti dalagan isaanirraa jibbee isaan fixuun kiyya ,akkaa

فَكَيْفَ كَانَ نَكِيرٌ

mitii? akka, haqa godhatan jechu'u, duuba jarri si kijibsiisu, haalli isaanii akkasii haa beekkatanii.

\*Ganda,yookaa biyya meeqaatamiitu jira ,kan nuti fin'e ,

\*Isiin kafartee diloynan,

\*Tan caccabxee, kukkufte,

\*Gonbisa'arra dhaabni isi'ii kukkufee

\*Eela meeqaatamtu ,kan warri dur qotee irraa dhume, tan namni irraa dhuguu dhiise jira, kan biyyoota hedduu keessatti argamu,

**45}**\*Ammallee galma warri dur jaare, dha-dheeraa meeqaatamiitu jira, kan warri jaare irraa dhumee, qullaa hafe, duuba kun hundiinuu waan aaqilli gorfamuunii, maalif daga-ttan?.

\*Si biyyoota keessa hin deemanii qaama isaanitiifii aylii isaanitiin gorfamu'uu jecha, deema'aa waan ummata dur, kan anbiyoota kijibsiisetti bu'e, laalaa, bala'aafii qixaaxarrraa

\*Duuba maalif waan warra duritti bu'e qalbii godhanii hin aylifanne gorfamu'uunii jecha,

\*Takkaa maalif gurra gorsaan dhagayan hin qabaanne?

\*Dubbiin,

**46}**\*Ijji isaanii ta mul'attu tun waa balla'aa mitii, haa tayuu ija keessaa ta ayl'iititu balla'a. namni ijji qalbi'ii balla'aa haqa hin argu, hin gorfamu.

\*Kuffaarri makkaa azaaba dafii nutti buusi

siin je'an,qishna'aaf jecha,wanni saan barbaadan, azaabni isaanitti bu'uu. Way-tiin Rabbiin azaaba isaanitiif qabe keessatti kan hin tayin. Azaaba addunya'aa tayuu kan aakhira'aa tayuu itti buusuu barbaadan,

\*Rabbitiin baallama isaa hin diiguu duuba

فَكَانُوا مِنْ قَرِيبَةٍ أَهْلَكْنَاهُمْ

وَهُنَّ ظَالِمُونَ

فَهُنَّ حَارِبُهُمْ

عَلَى عُرُوشِهِمْ

وَيَرْثُ مُعَطَّلَةً

وَقَصْرٍ مَّشِيدٍ ﴿٤٥﴾

أَفَلَمْ يَسِيرُوا فِي الْأَرْضِ

فَتَكُونُ لَهُمْ قُلُوبٌ يَعْقُلُونَ

بِهَا أَوْ إِذَا نُونَ يَسْمَعُونَ بِهَا

فِيهَا

لَا تَعْمَلُ الْأَبْصَرُ وَلَا كُنْ تَعْمَلُ الْقُلُوبُ إِلَّا فِي

الْأَصْدُورِ ﴿٤٦﴾

وَيَسْتَعْجِلُونَكَ بِالْعَذَابِ

وَلَنْ يُخْلِفَ اللَّهُ وَعْدَهُ

Rabbiin azaaba addunya'aa, gaafa lola badrii itti buusee, wanni isaan hin herringin itti buute, gariin isaanii ajjeefamee,gariin boojiyamee, ammoo azaabni aakhira'aa dheera'aa isaan eeggata,

\*Guyyaan tokkicha Rabbii kee biratti,

وَرَبَّكَ يَوْمًا عِنْدَ رَبِّكَ

كَالْفَسَنَةِ مَمَّا تَعْدُونَ ﴿٤٧﴾

47}\*Guyyaan addunya'aa kan isin lakkoo-

ytan, kum tokkotti qixxaaya, azaabni aakhira'aa isaanitti akkaan dheerataa bakkha tanatti dhaabbataa hin qabu jechu'u, wanni kuma je'eef isaatu dhuma lakooytsati jecha'aafi odoo hin deddeebine.

وَكَائِنٌ مِّنْ قَرِيبَةِ أَمْلَيَتُ لَهَا

وَهِيَ ظَالِمَةٌ

ثُمَّ أَخْذَتْهَا

وَلَئِنْ الْعَصِيرُ ﴿٤٨﴾

قُلْ يَا أَيُّهَا النَّاسُ

إِنَّمَا أَنَا لِكُفَّارِ الْمُنَّى ﴿٤٩﴾

\*Biyya yookaa ganda meeqaatamu jira ,kan qaba yookaa qaaxaroo isi'ii qabne,

\*Isiin kaafiraa,

\*Eegasii isiin kufri'irraa deebi'uu dinnaan azaaban fuunee lafarraa fin'e,

48}\*Gara kiyya deebiti, takkaa deebi'an.

\*Warra makkaatin akki jettu:

49}\*An nama isin sodachisu mul'ataadha malee, waan biraatii miti an nama warra amane gammachiisu.

فَالَّذِينَ إِمْنَوْا وَعَمِلُوا الصَّالِحَاتِ

لَهُمْ مَغْفِرَةٌ

وَرِزْقٌ كَرِيمٌ ﴿٥٠﴾

وَالَّذِينَ سَعَوا فِي أَيْتَنَا

مُعَذَّبِينَ

50}\*Rizqii gaari'iitu isaanif jira.

\*Warra aayata keenya, kan qur'aanaa ball-eessu'uuf tattaafata godhu,qur'aanni falfala, oduu duri je'anii,

\*Isaanii warra amane hamilee cabsu iim

aanarraa dhoowwu'uuf, takkaa qixaaxa keenya jalaa bayuu if seya'aa, takkaa nuti isaan qixaaxuu dadhabuu seya'aa, aayata keenya kijibsiisan,

51}\*Isaan warra ibiddaati.

أُولَئِكَ أَصْحَابُ الْجَحِيمِ ﴿٥١﴾

وَمَا أَرْسَلْنَا مِنْ قَبْلِكَ مِنْ رَسُولٍ وَلَا نَبِيٍّ

إِلَّا ذَانَمَّا

\*Ergamuma si dura ergine, takkaa nabiyyii si dura dhufe tokkolleehin ergine,

\*Kan hoggaa inni qur'aana ummatarratti qara'e, takkaa kitaaba Rabbii isaanii dubbise,

أَلْقَى الشَّيْطَنُ فِي أُمَّيَّتِهِ

فَيَنْسَخُ اللَّهُ مَا يُلْقِي الشَّيْطَنُ ثُمَّ يُحَكِّمُ

اللَّهُ أَعْلَمُ

وَاللَّهُ عَلِيمٌ

حَكِيمٌ

لَا يَجْعَلَ مَا يُلْقِي الشَّيْطَنُ

فِتْنَةً لِّلَّذِينَ فِي قُلُوبِهِمْ مَرْضٌ

وَالْفَاسِدَةُ قُلُوبُهُمْ

وَإِنَّ الظَّالِمِينَ

لَهُ شَفَاقٌ بَعِيدٌ

وَلِعِلْمِ الَّذِينَ أُتُوا الْعِلْمَ

أَنَّهُ الْحَقُّ مِنْ رَبِّكَ

فَيَوْمَئِذٍ

فَتَخِيتُ لَهُ قُلُوبُهُمْ

وَإِنَّ اللَّهَ لَهُادُ الَّذِينَ آمَنُوا

إِلَى صِرَاطِ مُسْتَقِيمٍ

\*Sheyxaanni qaraatii isaa keessatti waswa-  
asa qalbii warra irratti qara'ee keessatti da-  
rbu malee, hin ergine wanni inni qara'u fa-  
lfala raaga je'eenii, sheyxaanni yaada hamaa  
qalbii isaanitti darbee,

\*Duuba Rabbiin waswaasa san,qalbii nama  
qajeechuu fedherra deemsisee makgnaa  
waan nabiyyichi qara'uu qalbii isaanii keessa  
seensisee jabeessa,

\*Rabbiin waan sheyxaanni, qalbii isaanii  
keessatti darbe beekhaa,

**52}**\*Rabiin kan sheyxaana dalagaa tanatti  
kaasu'uun waan hikmaa qabu dalagu akka  
nama iimaanni jaba'aatifii kaan addafooyuf

\*Waan sheyxaanni qalbii isaanii keessa bu-  
usu san godhu'uuf,

\*Mokkorrii warra qalbii isaanii keessa dhu-  
kkubni shakki'ii jiruuf, isaan munaafiqootaa,

\*Ammallee mokkorrii warra qalbiin isaanii  
dhaga'aa godhu'uuf, isaan warra Rabbitti  
waa qindeessuu,

\*Warri Rabbitti kafare,

**53}**\*Khilaafa haqarraa fago'oo keessa jiran  
jallina dheeraa keessa jiran waan sheyxaanni  
, waswaasafii ,qur'aana arrabsuu, qalbii isaa-  
nitti darbuuf.

\*Wanni Rabbiin abbaa fedherra waswasa  
sheyxaanaa deemsisee, aayata isaa bakka  
isaa buusef,akka warri waa beekhu warri  
towhiidaa, warri qur'annaa beekhufi,

\*Qur'aanni,haqa Rabbii keetiraa dhufee  
beekanii

\*Itti amananiifi takkaa iimaana ida'ataniifi

\*Kan isAAF jettee,qalbiin isaanii gad jettu ,  
takkaa isaan gammadee gad teessu

\*Rabbiin kan warra isatti amane, qajeechuu

**54}**\*Karaa diriiraa sun karaa islaamatii

وَلَا يَرَأُ الَّذِينَ كَفَرُوا فِي مِرْيَةٍ مُّتَهَّةٍ

حَقَّتْ أَيْمَانُهُمْ السَّاعَةُ بَعْدَهُ

أَوْ يَأْتِيهِمْ عَذَابٌ يَوْمَ عَقِيمٍ ٥٥

الْمَلَكُ يَوْمَئِذٍ لِّلَّهِ

يَحْكُمُ بَيْنَهُمْ ٥٦

فَالَّذِينَ إِمَّا تُؤْمِنُوا عَمِيلُوا الصَّلَاةَ حَتَّىٰ

فِي جَنَّتَيِ النَّعِيمِ ٥٧

وَالَّذِينَ كَفَرُوا وَكَذَّبُوا بِآيَاتِنَا

فَأُولَئِكَ لَهُمْ عَذَابٌ مُّهِمَّٰتٌ ٥٨

وَالَّذِينَ هَاجَرُوا فِي سَبِيلِ اللَّهِ

ثُمَّ قُتِلُوا

أَوْ مَاتُوا

لَيَرْزُقُنَّاهُمُ اللَّهُ رِزْقًا حَسْكَانًا

وَإِنَّ اللَّهَ لَهُ خَيْرُ الرَّزِّيقِينَ ٥٩

يُدْخِلُنَّهُمْ

مُدْخَلًا يَرْضُونَهُ

وَلَنَّ اللَّهَ لَعَلِيهِ

\*Warri Rabbitti kafare qur'aana shakku'urraa  
hin deemu,sababaa sheyxaanni waswaasa  
qalpii isaanitti darbuuf,

\*Hanga dingatatti du'anitti, takkaa qiyaaman  
isaanitti dhuftutti, nama du'e qiyaaman isaa  
dhaabbattee.

55}\*Takkaa hanga azaabni guyyaa hama`aa

isaanitti dhufutti. sun guyyaa lola badriitii takkaa guyyaa qiyaama'atii kan  
halkan hin qabne {kgaqiiim} jechuun: kan dhalle jechu,akkana jechuun: kan  
halkan isa booda hin dhufne jechu' .

\*Guyyaa qiyaama'aa san mootummaan hu-  
ndi ta Rabbiiti.gaafas namni mootii abalu  
je'amu hin jiru , akka guyyaa addunya'atti  
Rabbii tokkicha malee.

\*Gaafas Rabbiin warra amaneefii warra  
kafare jiddu'utti firdii godha akka as deemu  
kanatti .

\*Warri amanee , waan gaarii dalage

56}\*Jannata qanani`ii keessa qubatan tola  
Rabbittin .

\*Warri kafare, kan aayata keenya kijibsiise

57}\*Isaan azaaba isaan xiqqeessu keessa  
qubatan .

\*Warri makkarra madiina'atti godaane, Ra-  
bbumaa je'ee,diin isaa eeggatu'uu je'ee

\*Eegasii ajjeefamanii .

\*Takkaa ifumaan du'an .

\*Rabbitin rizqii gaarii isaanii kenna .

58}\*Rabbitin irraa caalaa nama waa nama  
kennuuti .

\*Rabbitin isaan seensisa .

\*Bakka isaan jaalatan sun jannataa

\*Rabbitin kan yaada namaa beekhu .

59}\*Kan obsa qabu, kan qixaaxan namatti hin jarjarre

حَلِيمٌ ٥٩

\*Wanni siif odeessine sun waan dhuga'aa kan hin jirjiiramne .

ذَلِكَ

\*Namni biiluu yookaa haluu yookaa gadoo baye, nama isatti rooriserraa

وَمَنْ عَاقَبَ

\*Waanuma akka inni ittiin roorriseen biiluu irraa baye kan ittin ida'in . kan waanuma inni isa dhayeen isa dhaye

يُمِثِّلُ مَا عَوَقَ بِهِ

\*Ammas eega inni biiluu irraa. bayee namichi duraan inni itti roorrise sun deebi'ee , lammada itti roorrise

شَمَّ بَغَى عَلَيْهِ

\*Rabbiin isaaf tumsaa,haa ifirraa dhoowwuu

لَيَنْصُرَنَّهُ اللَّهُ

\*Rabbiin kan dhiifama namaa godhu

إِنَّ اللَّهَ لَعَفُوٌ

60}\*Kan namaaf araaramu nama qixaaxuu dandayu'uun wajji , isinis yoo nama isin midhef dhiifama gootanii araaramtaniif irraa caala .

عَفْوٌ ٦٠

\*Nama miidhame gargaarun sun .

ذَلِكَ

\*Sababaa Rabbiin halkan guyyaa keessa seensisuufi halkan gabaabsee guyyaa dheressee

يَا أَنَّ اللَّهَ يُولِّجُ الْيَدَيْلَ فِي النَّهَارِ

\*Sababaa Rabbiin guyyaa halkan keessa

وَيُولِّجُ النَّهَارَ فِي الْيَلَىٰ

seensisuufi guyyaa gabaabsee halkan dheressee,kun humna guddoo rabbiin qabu nu garsiisa kan humna saniin nama miidhame gargaaru .

61}\*Rabbiin kan dhagayuu kan argu.

وَأَنَّ اللَّهَ سَمِيعٌ بَصِيرٌ ٦١

\*Gargaarsi Rabbiin nama miidhame gargaaru sun .

ذَلِكَ

\*Sababaa Rabbiin haqa tayef jecha. kan isa malee kan, nama gargaaru hin jirre,

يَا أَنَّ اللَّهَ هُوَ الْحَقُّ

\*Ammoo wanni kuffaarri Rabbii achitti gabbaru kan akka dhaga'aa suura'aa namaa jinni'ii .

وَأَنَّ مَا يَدْعُونَ مِنْ دُونِهِ

\*Waan kijibaa , kan dhabamu

هُوَ الْبَاطِلُ

\*Rabbiin kan qudraa isaatin waa hundaa

وَأَنَّ اللَّهَ هُوَ الْعَلِيٌّ

oliiti

**62}\***Kan waan isaan hin malle hundarrraa  
guddate kan wanni hundi isa biratti xiqqa'oo

\*Si hin agerree hin beynee akka Rabbiin  
sami'irraa bishaan roobaa buuse .

\*Kan dachiin Rooba saniin magarsitee, gu-  
rraachomtu .eega goggoydee addaatee

\*Rabbitiin kan gabroota isaatii rahmata go-  
dhu kan isaanii je'ee, rooban waa hunda ma-  
garse .

**63}\***Rabbitiin waan qalbiin gabrootaa yoo  
rooba dhaban taatu beekhaa.

\*Wanni samiidhafii dachii keessa jiru hundi  
kan isaati , isaatu uumee isaatu qaba

\*Rabbitiin waan uume hundarrraa dureessa

**64}\***Kan haala hundatti , waa hundarratti ,  
faarfamu

\*Hin beynee hin garree ?,

\*Akka Rabbitiin,waan laffarratti uume ,isinii  
laaffisee, akka itti fayyadamtan isinii godhe.  
kan akka waan lubbuu qabuu mukkaa bish-  
aanii albooda'aa.

\*Akka markaba gurguddaa ,ba'aa guddoo  
fuudhu ,kan bahara keessa fedhii Rabbitiit  
deemu, isinii laaffise hin garree ?,

\*Kan samii dachi'irra kufuu dhoowwuu  
dandeytii isaatin .

\*Yoo fedhii isaatin taate malee

\*Rabbitiin kan namaaf nayu tanaaf waa hu-  
nda isaanii laaffise .

**65}\***Kan rahmata isinii godhu tanaaf waan  
isin miidhu kan akka sami'ii isinirraa qabe

\*Rabbitiin isa isinii hin jirre isin uumee isin  
jiraachise .

\*Kan eegasii gaafa yaroon jiruu teessanii  
dhumte isin ajjeesu

الْكَيْرُ  
٦٢

أَنَّهُ تَرَأَبِ اللَّهُ أَنْزَلَ مِنَ السَّمَاءِ مَاءً

فَصَبَّحَ الْأَرْضُ مُخْضَرًا

إِنَّ اللَّهَ لَطِيفٌ

خَيْرٌ  
٦٣

لَهُ مَا فِي السَّمَاوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ

وَإِنَّ اللَّهَ لَهُ الْغَنِيَّةُ

الْحَمْدُ  
٦٤

الْمُتَّرِ

أَنَّ اللَّهَ سَخَّرَ لَكُمْ مَا فِي الْأَرْضِ

وَالْفَلَكَ تَجْرِي فِي الْبَحْرِ بِأَمْرِهِ

وَيُمْسِكُ السَّمَاءً أَنْ تَقْعُدْ عَلَى الْأَرْضِ

إِلَّا يَأْذِنُهُ  
٦٥

إِنَّ اللَّهَ بِالنَّاسِ لَرَوِيفٌ

رَحِيمٌ  
٦٦

وَهُوَ الَّذِي أَحْيَا كُمْ

شَمَّ بِمِثْكُمْ

\*Eegasii gaafa qiyaaman dhaabbatte isin jiraachisee , qabri`ii isin kaasu .

ثُمَّ يُحِكِّمُكُمْ

\*Namni Rabbiin beyne kaafirri,

إِنَّ الْإِنْسَنَ

66}\*Waan Rabbiin akkasitti isaan qananiise moroma itti amanuu dhiisu'uun .

لَكَ فُورٌ ٦٦

\*Ummata hundaafuu, nabiyyii hundaafuu,

لِكُلِّ أُمَّةٍ

\*Shari'aa yookaa heera goonee jirra

جَعَلْنَا مَنْسَكًا

\*Heera yookaa shari'aa isaan itti dalagan

هُمْ نَاسٌ كُوُهُ

kan shari'aan ummata tokkoo ummata kaanitti hin dabarre, ummanni zamana nabi Muusa'aa hanga nabii kgiisan ergamutti, shari'aan isaanii , tawraati gaafa iisan ergamerraah hanga nabi Muhammad ergametti shari'aan isaanii injiili ummanni gaafa nabi Muhammad ergame jiruufii, ummanni isaan booda dhufu, hundi hanga guyyaa qiyaama'atti shari'aan isaanii qur'aana, malee, waan biraatii miti shari'aan isa duraa hundi isaan shaaramtee,

\*Ummanni si dura dabre, shari`aan teenya

فَلَا يَنْتَزِعُنَّكَ فِي الْأَمْرِ

hin shaaramnee, bakkuma jirti je'ee, siin hin falmin . nabiyyiin tokko, hogga ergame, shari'aan nabiyyii isa duraa ni cittii, an si erguudhan ,shari'aa ergamoota kiyyaa kan si duraa hunda deemsisee, kutee akkasuma ummanni kee shari'aa ati itti fiddi keessatti siin moromuu hin qaban, akka kuffaarri gariin, dubbii bakhti`ii keessatti siin falmu,waan Rabbiin ajjeese nyaatu'uutu waan namni ajjeese nyaatu'urra caala je'anii, kanuma islaamni bakhtiin, dhukkuba namatti fiddi je'uun wanni ummata keetiratti jiru waan ati itti fidde jaalatanii fudhatu' siin moru'uun male'itti,

\*Diinaa Rabbii keetitti nama yaami,

وَادْعُ إِلَى رَبِّكَ

67}\*Ati diinaa qajeela'arra jirtaa .

إِنَّكَ لَعَلَى هُدَىٰ مُسْتَقِيمٍ ٦٧

\*Yoo dubbii diin keessatti, eega haqa arganii siin moroman .

وَإِنْ جَنَدُوكَ

68}\*Rabbiitu waan isin dalaydan beekha isaatu waan dalaydan irraa isin gaafata je'iini , , isaanin moromuu dhiisi .

فَقُلِّ اللَّهُ أَعْلَمُ بِمَا تَعْمَلُونَ ٦٨

\*Rabbiin isin warra amaneefii warra kafare jiddu'utti firdii gudha .

اللَّهُ يُحِكِّمُ بِمَا يَرَى

\*Guyyaa qiyaama'aa .

يَوْمَ الْقِيَمَةِ

فِيمَا كُتِمَ فِيهِ تَخْتَلِفُونَ

٦٩

أَلَمْ تَعْلَمْ أَنَّ اللَّهَ يَعْلَمُ مَا فِي السَّكَنَاءِ وَالْأَرْضِ

إِنَّ ذَلِكَ

فِي كِتَابٍ

إِنَّ ذَلِكَ

عَلَى اللَّهِ يَسِيرٌ

وَيَعْبُدُونَ

مِنْ دُونِ اللَّهِ

مَا لَمْ يُنَزِّلْ لَهُ سُلْطَنًا

وَمَا لَيْسَ لَهُمْ بِهِ عِلْمٌ

وَمَا لِلظَّالِمِينَ مِنْ نَصِيرٍ

وَإِذَا نَتَّلَى عَلَيْهِمْ إِذَا نَتَّابَتِ

تَعْرِفُ فِي وُجُوهِ الَّذِينَ كَفَرُوا الْمُنْكَرُ

يَكَادُونَ كَيْسَطُونَ بِالَّذِينَ يَتُولُّونَ

عَلَيْهِمْ إِذَا نَتَّا

قُلْ أَفَأَنْتُمْ كُمْ بِشَرٍ مِنْ ذَلِكُمْ

أَنَّارٌ

وَعَدَهَا اللَّهُ الَّذِينَ كَفَرُوا

69}\*Waan isin,keessatti wal dhabdan ke-  
essatti .

\*Akka Rabbiin waan dachi'ii samii keessa  
jiru hunda beekhu, hin beeytuu ni beyta  
jechu'u

\*Waan san hunda beekhun

\*Kitaaba keessa jirti sun kitaaba wahayyuu  
keessatti katabame,kan lowhalmahfuuzg ,  
je'amuu

\*Waan san beekhun .

70}\*Rabbiratti laafa'a .

\*Ormi kuffaaraa ni gabbara ni ibaada.

\*Rabbii achitti . waaqa godhatanii asnaama,  
taabota, ibaadan

\*Waan Rabbiin gabbaraa je'ee ajaja hin bu-  
usin , kan ragaa Rabbiraa ittin qabne

\*Waan akka isiin Rabbi , yookaa waaqa ta-  
ate,karaa ayl'iitin hin beyne,ibaadan

71}\*Warra Rabbitti kafare namni issaanii di-  
rmatee,azaaba Rabbii issaaniraa dhoowwuu  
hin jiru .

\*Hoggaa orma kuffaaraa sanirratti aayanni  
qur'aanaa kan ma'naan isi'ii adi'ii qara'amte.

\*Fuula warra kafarerratti jibbansa garta fu-  
ula butu'uun .

\*Warra issaanirratti aayata qara'u san dhaw-  
u'uuf , itti ka'an takcaa dhiyaatan .

\*Waan qur'aana kanarra isin jibbisiisu ,isini  
odeessuu ji'in.

\*Wanni hoggaa agartan qur'aana isinirratti  
qara'amu kana daran jibbitan ibidda jaha-  
nnami .

\*Ibidda san Rabbiin warra kafareef qophe-  
esse.akka isaanin gubu, isaanif baallama se-  
ene takcaa ibiddaaf ,akka kuffaara isaa ke-

وَيَسِّرْ الْمَصِيرُ ٧٣

يَأْتِيهَا النَّاسُ

صُرْبَ مَثْلٌ

فَأَسْتَعِنُوا بِهِ

إِنَّ الَّذِينَ كَتَدْعُونَ مِنْ دُونِ اللَّهِ

لَنْ يَحْلُقُوا ذَبَابًا

وَلَوْ أَجْتَمَعُوا لَهُ

وَإِنْ يَسْلُبْهُمُ الْذَّبَابُ شَيْئًا

لَا يَسْتَنِدُوْهُ مِنْهُ

ضُعْفُ الظَّالِمِ

وَالْمَطْلُوبُ ٧٤

مَا كَدُرُوا اللَّهُ حَقٌّ قَدْرِهِ

إِنَّ اللَّهَ لَقَوْيٌ عَزِيزٌ ٧٥

nnu, baallama seene .

72}\*Ibidda sun waa bakka hamtu'uu, kan  
isaan itti deebi'an.

\*Yaa ilmaan aadam ,

\*Warra waan Rabbin tayin gabbaruufii, wa-  
an Rabbii achitti gabbaramuuf, fakkeessan  
godhamee,

\*Fakkeessaa san dhaggeeffadhaa, fakeessan  
sun hunoo tana,

\*Wanni isin Rabbi achitti gabbartan, Rabbi  
godhattanii, dhaga'aafii, namaafii waan  
birarraa,

\*Tiisia tokicha hin uuman,

\*Odoo isa uumu'uuf hundi isaanii wal ga-  
yelle'ee,umriin tiisisaa guyyaa afurtama .

\*Yoo tiisifni,waan isaan ibaadan kan akka  
dhaga'aa sanirraa,waan akka dhadha'aa, kan  
isaan itti muudan duraa fudhatee barare,

\*Wanni isaan Rabbi je'anii gabbaran sun  
tiisisarrraa waan san deeffatuu hin dan-  
deessu

\*Duuba warri sanama ibaadufii .

73}\*Sanamni ibaadamu waan laafaa ta yee  
akkamiin Rabbi taya? wanni Rabiin ,tiisia  
fakkeessaa godheef waa afurifii:

1 Gadi galummaa isaatifi

2 Laafina isaatifi

3 Fokkina dalagaa isaatifi.

4 Heddomina isaatifi udaan isaa yoo waan adi'irra bu'e ni gurraachoma, yoo  
waan gurraati'irra bu'e ni addaata, duuba sanama tiisia uumuu hin dandeenye,  
kan tiisia ifirraa dhoowwuu hin dandeenye, kan yoo tiisifni, waan isaa duraa  
fudhate irraa buufatuu hin dandeenye, san ormi kuffaaraa gabbara, Rabbii waa  
hunda uume dhiisanii.

\*Isaan dhuga'aan Rabbi hin guddifne , kan  
waan tiisia ifirraa dhoowwuu hin dandee-  
nye itti qixeessanii ibaadan, takkaa gab-  
baran,

74}\*Rabiin jabaa waa hunda injifatu.

\*Rabbiin malaayka'arraa ergamoota marax-  
ateeti anbiyootatti erga,

اللَّهُ يَصْطَفِي مِنْ الْمَلِكَاتِ رُسُلًا

وَمِنَ النَّاسِ

\*Ilmaan namaa dhiirarraayis, ergamoota  
maraxateeti, namatti erga, akka diin isaa itti  
geessaniif,

إِنَّ اللَّهَ سَمِيعٌ

بَصِيرٌ

\*Rabbiin kan waan gabroonni je'u hunda  
dhagayu,

75}\*Kan waan gabroonni dalagu argu, kan  
namni ergaa isaa haqa godhatu beekhu.

يَعْلَمُ مَا يَبْيَثُ إِنَّهُ يَعْلَمُ

وَمَا خَلَقُهُمْ

وَإِلَى اللَّهِ تُرْجَعُ الْأُمُورُ

يَتَابُهَا الَّذِينَ آمَنُوا أَرْكَعُوا وَأَسْجَدُوا

وَاعْبُدُوا رَبَّكُمْ

وَافْعُلُوا الْخَيْرَ

76}\*Wahayuu gara Rabbiiti deebiti.

لَعَلَّكُمْ تُنْهَىُونَ

وَجَهَدُوا فِي اللَّهِ

حَقَّ جَهَادِهِ

هُوَ أَجْتَبَنَكُمْ

\*Yaa warra Rabbitti amane, rukuukga go-  
dhaa, ammallee sujuuda godhaa, salaataa,

\*Rabbii keessan ibaadaa, tokkummaa isaa  
yaadaa ,

\*Waan kheyrii taye takkaa waan gaarii taye  
dalagaa, akka rahgima, takkaa fira maxxan-  
fatuu, haala tolu'uu,

77}\*Akka milkooytanii,jannata haqa go-  
dhattaniif.

\*Diin Rabbii jabeessu'uu jecha, qabsoo  
godhaa,

\*Qabsoo dhuga'aa, qabsoon dhuga'aa tan  
humna takkallee irraa duuban kaayamne,

\*Rabbiitu isin filatee ummata jiddu jireysa

isin godhe, akka diin isaa jebeessitaniif, jihaanni lama: tokko xiqla'aa, tokko  
gudda'aa, xiqlaan: jihaada kuffaarati, akkaatan jihaada isaanii beekkamaa sun  
humna isaanin sodaachisan qabaatuu, ammoo jihaada guddaan: jihaada nabs-  
e'eetifi hawa'aafii, sheyxanati, akkaatan jihaada kanaa waan nabseen itti na-  
ma yaamtu didu'u, jihaanni kuffaaraa wanni xiqlaa je'ameef: lolli kuffaaraa ni  
dhumaa kuun hin dhumu, kuffaarii yoo si mooyatee si ajjeese, jannata seenta  
ammoo yoo nabseen tee si mooyattee si ajjeefte ibidda seenta, ammas kuffaarii  
diina mul'ataa kuun dhokhata', diina mul'atuun lolu'uutu, kan hin mul'anneen  
lolu'urraa laafaa,

\*Rabbiin diinaa islaamaa keessatti waan

وَمَا جَعَلْتُ عَيْنَكُمْ فِي الَّذِينَ مِنْ حَرَجٍ

jabduu,isin dalaguu hin dandeenyetti isin hin ajajne, takkaa heera jabaa isin-irraa hin keenye, akka ummata duritti ummanni dur,yoo huuccuun najifamte ba-kka najifamti san , muraniiti darban ommoo islaama keessatti bishaanin dhiqan ummanni dur yoo dilii dalage, adda isarratti katabamti, ammoo islaama kees-satti Rabbiin ni sattaree , addunya'atti irraa hin mul'attu ummanni dur yoo di-laaye, towban isaanii if ajjeessuu . islaama keessatti akkasii miti. ammas diin islaamaa keessatti, dachiin masjida, ammas salaata raka'aa afurii lama lama go-dhuun imalaaf ni gaya, bishaan dhaban tayammumni ni gaya. yoo waan nya-atan dhaban bakhtii nyaatun namaaf gaya.Imalaafii dhukkubaaf. ammallee ho-osisaaf soomana furanii eegasii qadaa baasun ni gaya waan dubbanneefii kan biralle'eef jecha diin islaamaa diin Rakkoon keessan jirre . laafaa namuu hanga dandayutti qabatu. kan dhaabatuu hin dandeenyeye taa'ee yookaa ciisee salaatee.

\*Islaamni kun,akka diinaa abbaa keessanii

مِلَّةً أَبِيكُمْ إِنْزَهَهُمْ

ibraahiimi, towhiidafii laafina keessatti,  
\*Rabbiin isa kan {muslimiina} je'ee maqaa  
kanaan isin yaame kitaabban dur buuse kee-ssatti,

هُوَ سَمِّنَكُمُ الْمُسْلِمِينَ مِنْ قَبْلُ

\*Qur'aana keessattis Rabbiin{ muslimii na}

وَفِي هَذَا

je'eeti isin yaame. duuba waan Rabbiin maqaa kanaan isin yaamef jecha mu-slima jechuun kan dubbii Rabbii dhagayu jechu'uu, dubbii Rabbii dhagayaa, Rabbii keessan ibaadaa. waan inni itti isin ajaje dalagaa waan inni irraa isin dhoowwerraadhoowwamaa .

لِيَكُونَ الرَّسُولُ شَهِيدًا عَلَيْكُمْ

\*Akka nabi Muhammed ragaa isinii Bayu  
guyaa qiyama'aa diin itti geessee qabatan  
je'ee fuula Rabbii duratti .

وَتَكُونُوا شُهَدَاءَ عَلَى النَّاسِ

\*Akka isin ummata isin duraa hudarratti

فَأَقِمُوا الصَّلَاةَ

ragaa baatan. ergamoonni isaanii waan ergamaniin itti geessan jettanii waan qur'aanni nabirratti bu'ee itti dalaydan isinii odeesef jecha keessattuu, ergamo-onni diiddamii shanan qur'aanni maqaa dhayee nuu odesse. duuba Rabbiin wa-raa ummata hundarratti ragaa bayu, kan anbiyootaf ragaa bayu, isin godhuun ,guddina guddaadhaha, badhaasa likkiin qabnee, galata isaaf galchaa

وَأَقِمُوا الرُّكْنَةَ

\*Salaata guuta'aa salaataa namni tolchee ,  
salaata shanan salaatee sunnaa heddomm-eyse dhugumaan Rabbiif galata galchee .

وَأَعْصِمُوا بِاللَّهِ

\*Zakaata isinirratti wajabe baafadhaa nama  
haqa godhatuu kennaa .

\*Waa hunda keessatti,abdi Rabbii jabeessaa  
isumatti irkadhaa .

\*Rabbiin isuma aanan keessanii kan hoggaa  
mara akka maratti isin gargaaru kan amriin  
teessan harka isaa jirtu .

هُوَ مُولَنِكٌ

\*Inni waa aanaa gaarii .

فَقَمْ أَمْوَالِي

78}\*Ammallee inni waa dirmataa keessan  
gaarii`ii .

وَقَمَ الْحَصَرِ